Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yesuus gargaartota kudha lama fo'ate

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com Po Box 32155,
Addis Ababa, Ethiopia

Kan dagaagsame: E. Frischbutter; Sarah S.

Seenaawwan 60 keessaa Seenaa isa 39 ffaa

www.M1914.org

Bible for Children, *PO Box 3, Winnipeg, MB R3C 2G1 Canada*

Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Afaan Oromoo

Yesuus wantota ajaa'ibsiisoo raawwate. Dhukkuboota fayyise, namoota gidirfamaniif nagaa laphee fi sammuu kenne, Sagalee Waaqayyoos barsiise.



Akka isaan gargaaruu fi fayyisuuf tuuti danuun gara Yesuus dhufan.

Hojii Waaqayyoo keessatti akka Isa gargaaraniif, hordoftoota isaa hedduu keessaa namoota kudha lama fo'ate.

3

Filannoowwan raawwattan gaggaarii yoo qabaattan, Waaqayyoon ni kadhattuu? Yesuus ni kadhate! Gaara irra iddoo callisaatti Abbaa Isaa Isa Waaqa irraa wajjin dudubbate. Yesuus hanga aduun dhiitutti kadhate.



4

Yesuus halkan guutuu kadhata ture.



5

Ganama, Yesuus duuka bu'oota Isaa waame—firoota isaa warra isaaf hojjetanii fi isaaf abboomaman hunda jechuudha.



6

Warri Yesuus jalqaba irratti filate lachuu obbolaadha, Simoon Pheexiroosii fi Indiriyaas. Isa duukaa akka bu'aniif yeroo Yesuus isaan waame hojii qurxummii qabuu isaanii dhiisanii Isa duukaa bu'an.



7

Ilmaan Zebdewoos, Yaaqobii fi Yohaannisis immoo kiyyoo qurxummii isaanii gatan.

8

Yesuus akkasumas, Filiphoos, Bartolomewos, Maatewos, Toomaas, Simoon hinaafticha, Yaaqob ilma Alfewoos, Yihudaa obboleessa Yaaqob fi Yihudaa isa Asqortuu isa booda diina Yesuus ta'es ni fo'ate.

9

Yesuus waan inni dubbate hojjechuun akka mana ofii hundee jabaa irratti ijaarrachuu akka ta'e barsiise. Bubbeen jabaan manicha balleessuu hin danda'u.



10

Dubbii Yesuusiif abboomamuu dhiisuun garuu akka waan mana ofii cirracha irratti ijaarrachuuti. Bubbeen yommuu dhufu, manichi ni jiga.



11

Abboommiiwwan Yesuus tokko tokko salphaa miti. "Namni tokko maddii kee isa mirgaa yoo si kabale, isa bitaas itti qabi" jedhee barsiise.



12

"Diinota keessan jaalladhaa." Akka Yesuusitti jiraachuuf gargaarsa Waaqayyoo barbaadu.



13

Yesuus namoonni dhoksaatti akka kadhatanis isaanitti hime—akka geggeessitoota amantaa tokko tokko ittiin of mul'isuuf akka hin kadhanne.



14

Yesuus Waaqayyo namoota Isa amanatan akka sooruu fi itti uffisu dubbate.



15

Waaqayyo simbirrootaaf nyaata abaaboowwan bakkeefis bifa miidhagaa waan kenneef, sabni isaa fedha isaanii hundumaaf Isa amanachuu danda'u.

16

Yesuus gargaartota Isaa warra fo'ate waan hedduu barsiise. Yeroo inni xumure, namichi lamxiin tokko dhufee akka isa fayyisuuf Isa kadhate.



17

Yesuus namicha lamxii sanaan, "Fedheera. Qullaa'i." Gargaartonni isaa utuu ilaalanii, namichi lamxiin sun ni qullaa'e. Inni ni fayye! Ilma Waaqayyoo qofatu sana hojjechuu danda'a. Gargaartonni sun Gooftaa ajaa'ibsiisaa qabaachuu isaanii baran.



18

Yesuus gargaartota kudha lama fo'ate

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatewos 4-7, Maarqos 1, Luqaas 6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne **ni beeka**. Adabbiin cubbuu du'a.

Waaqayyo garuu guddaa nu jaallata, kanaaf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus cubbuu keenyaaf akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf dabarsee nuuf erge. **Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee** gara Waaqaa ni deeme! Amma Waaqayyo cubbuu keenyaaf nuuf dhiisa.

Cubbuu keerraa deebi'uu yoo barbaadde, Waaqayyoon akkas jedhi: Yaa Waaqayyo Yesuus akka anaaf du'eefi amma deebisee jiraatu nan amana. Jireenya haaraa akkan qabaadhee bara baraaf Si wajjin akkan jiraadhuuf maaloo gara jireenya koottii koottuutii cubbuu kootiif naaf dhiisi. Akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.
Wangeela Yohaannis 3:16

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu!